# QAACCESSA ERGAA SIRBA IMAANAA DHALOOTAA JEDHU KAN AAGAA HIRKOO BARA (2017) MAXXAMFAME IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

AYYAANEE WAQ-BULCHOO SIMAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR- AARTII AFAAN OROMOO, OGBARUUFI QUUNNAMTII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARUUFI FOOKLOORII
KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO, AFAANOOTAA, JOORNAALIZIMIIFI, QUUNNAMTII
YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA, 2021/2014
FINFINNEE

# QAACCESSA ERGAA SIRBA IMAANAA DHALOOTAA JEDHU KAN AAGAA HIRKOO BARA (2017) MAXXAMFAME IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

AYYAANEE WAAQBULCHOO

GORSAAN: ADDUNYAA BARKEESSA (Dr)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR- AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO, AFAANOOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTI
YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2021/2014
FINFINNEE

# BAFAATA

**Qabiyye** **Fuula**

Galata ........................................ iv
Axereeraa ........................................ v
BOQONNAATOKKO: SEENSA ........................................ 1
1.1. Ariirrata ........................................ 1
1.2 Ka’umsa Qorannichaa ........................................ 3
1.3 Kaayyoo  Qorannichaa ........................................ 4
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ........................................ 4
1.3.2 Kaayyoo Gooree ........................................ 4
1.4 Barbaachisummaa qorannichaa ........................................ 4
1.5 Daangaa qorannichaa ........................................ 5
1.6. Hanqina Qorannichaa ........................................ 5
BOQONNAA  LAMA : SAKATTAA BARRUU WALFAKKII ........................................ 6
2. Sakatta’a Barruu Yaadirimee ........................................ 6
2.1. Maalummaa Ogumaa ........................................ 6
2.2. Maalummaa Ogbarruu ........................................ 6
2.3. Ogbarruu Barreeffamaa ........................................ 7
2.4. Gosoota Ogbarruu Barreeffama ........................................ 7
2.4.1. Asoomaa ........................................ 7
2.4.2. Diraamaa ........................................ 8
2.4.3. Ogwalaloo ........................................ 8
2.5.  Ogafaan ........................................ 8
2.5.1. Faayidaa Ogafaani ........................................ 9
2.5.2. Amaloota Afoolaa ........................................ 9
2.5.2.1. Hurruubummaa ........................................ 9
2.5.2.2. Uummatummaa ........................................ 10
2.5.2.3. Lufummaa ........................................ 11
2.5.2.4. Jijjiramummaa ........................................ 11
2.5.2.5. Miidhagummaa ........................................ 12
2.6.  FaayidaaAfoolaa ........................................ 12

2.6.1. Ibsuuf ........ 12
2.6.2. Cimsuuf ........ 12
2.6.3. Barsiisuuf ........ 13
2.6.4. To`achuuf ........ 13
2.7. Gooroowwaan Ogafaanii ........ 13
2.7.1. Maalummaa Sirba ........ 13
2.7.2. Amala Sirba ........ 14
2.7.3. Faayidaa Sirbaa ........ 14
2.7.4. Akaakuu Sirbaa ........ 15
2.7.4.1. Sirba Jalalaa ........ 16
2.7.4.2. Sirba/Faaruu/ Ateetee ........ 16
2.7.4.3. Sirba Cidhaa ........ 16
2.7.4.4. Sirba Foollee ........ 16
2.7.4.5. Sirba Siyaasa ........ 16
2.8. Sakatta'a Qorannoowwan Wal fakkii ........ 16
BOQONNAA SADII : MALEEN QARONNOO ........ 18
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 18
3.2. Maddaa Ragaa ........ 18
3.3 Mala Iddaattoofi lddatteessuu ........ 18
3.3.1. Iddattoo Qorannichaa ........ 18
3.3.2. Iddatteessuu Qorannichaa ........ 18
3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa ........ 18
3.5. Mala Qaaccessa Funaansa Ragaalee ........ 19
BOQONNAA AFUR:RAGAALEE QAACCEESSUUFI HIIKUU ........ 20
4.1.Qaaccessaa ergaa sirba Imaanaa Dhalootaa jedhuu ........ 20
4.2.Ergaawwan Sirba "Imaanaa Dhalootaa" jedhu. ........ 20
4.2.1. Eenyummaa Hawaasa Ibsuu ........ 21
4.2.2. Gama Jaalala Biyyaatiin ........ 21
4.2.3. Gama siyaasa Biyyaatiin ........ 22
4.3.4. Gama Hawaasummaatiin ........ 22
4.3.5. Gama Dinagdeetiin ........ 22

4.3. Faayidaa Sirba Imaanaa Dhalootaa ........ 23
BOQONNAA SHAN : CUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 24
5.1 Cuunfaa ........ 24
5.2 Argannoo ........ 25
5.3 Yaboo ........ 25
Wabiilee ........ 27
Dabalee A ........ 28
Dabalee B ........ 29

## Galata

Duraan dursee isa bu'aa bu'ii jireenyaa hedduu kessa na dabarse waaqayyoof galanni guddaan haa ta'u.Itti aansuun maatiiwwan koo nuffii tokko malee na bira dhabbachuun karaa hundumaa na garaagaruun sadarkaa kanarraan kan na geesssan galanni koo guddaadha.Dabalataanis,hojiin koo akka miidhaguuf yeroo mara nuffii tokko malee na gorsudhaan kan na qaajeelchan turtan gorsaa koo Barsiisaa  Waaqgaarii Dhaabaa guddaan galateeffaadha.Kana malees,hiriyyoota koo kanneen yaadaa fi beekumsa isaaniin na bira dhabbachuun na jajjabeessaa turtan kabajaa fi jaalala ani isiniif qabu guddaadha

# Axereeraa

*Qorannoo kun kan inni irratti gaggeeffame qaaccessa ergaa sirbaImaanaa Dhalootaa jedhu,kan weellisaan Aagaa Hirkoon kan bara 2017 Maxxanfamee irrattidha.Kayyoo qorannichas ergaa sirba Imaanaa Dhalootaa jedhu qaaccessuuyoo ta'u,malli qorannoo kun itti dhimma bahame mala qaronnoo akkamtaati.maddi ragaa qorannichaa maddaa ragaa tokkoffaatti.mallii iddatteessuu qorataan dhimma itti bahe mala Iddatteessuu mitii carraa keessa Akkaayyooti.malli funaansaa ragaa qoranno kanaa sakkatta'a Dokumeenti .Dhuma irratti sirbi ergaa inni dabarsuu kessa humna cimaa waan qabuuf namoonni sirba maxxanfachu barbadaniif ergaa haalayerootiin walqabatu irratti xiyyeeffachuun qopheessani yoo dhiyeessan caalmati filatama akka ta'e ibsamee Jira.*

# BOQONNAATOKKO: SEENSA

## 1.1. Ariirrata

Ilmi namaa erga addunyaa kanarra jiraachuu jalqabee bubbuleera. Ooltee bultee isaa kana keessatti rakkoowwan kanneen lakkawwamanii dhumuu hindandeenye mudataa turaniiru. Haata'u malee, rakkoowwan kanneen ilmi namaa ogummaawwan uummuun jalaa miliqee har'a gahee jira. Haalli kunis ittuma fufaa malee waan dhaabbatu miti. Ogummaalee inni uummatee itti fayyadamaa ture keessaa ogafaanii isa tokkoodha. Ogafaan seenaa uummata Oromoo ibsuufi calaqqisiisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Yaada kana ilaalchisee Misgaanuun (2011:6) yoo ibsu, "Afoolli ibsituu aadaafi calaqqistuu eenyummaati" jedha. Yaada kanarraa akka hubannutti ogafaanni sabni tokko aadaa akkamii akka qabuu fi mallattoo eenyummaa saba sanaa mul'isuuf gargaara jechuudha. Kanaafuu, ogafaans aadaa fi eenyummaa saba Oromooti.

Kana malees, ogafaan eenyummaa fi ilaalcha sabaa haala barumsa seenaafi qaroomina uummataa kan agarsiisu mallattoo sabni tokko saba biraarraa adda bahee itti beekamuudha. Aadaa, duudhaa, barsiifata akkasumas seenaa dabarsuuf haala jireenya hawaasaa kan ibsitu afoolaadha. Yaada kana ilaalchisee Finnega (1970:81) afoola yeroo ibsitu, "Inspie of the veryreal significance of this variation of one striking charactaricits of oral district from writtenlife nature isverbale variability" jetti. Yaada kanarraa akka hubatamutti uummatni bal'aan osoo hin baratin hawaasni kan kuufate afoolli dhalootaa dhalootatti kan darbu akka ogbarruu barreeffamaa osoo hin taane afaaniin kan dabarfatanii fi kan dhaggeeffataman, fuulleetti bahanii hawaasni carraa waliif kennuun bifa afoolaatiin himamsa afaaniitiin kan dabarsan jedhuudha.Haata'u malee oolee bulee yeroo hedduun booda dhaloonni kan afoolaan ture gara ogbarruu barreeffamaatti jijjiiraadhufee jira. Ogbarruu kanaafis Hayyoonni garaagaraa yeroo garaagaraatti hiika adda addaa itti kennaa turaniiru.

Ogbarruun hiikadhaabbataatokkoqabaachuu baatusdhalanamaawajjin walitti dhufeenya cimaa qaba. Kunis dhalli namaaogbarruutti fayyadamee waan keessa isaa jiruufi itti dhaga'ame karaaittiinbaaseeibsatudha.Yaada kanaanwalqabsiisuun Asafaa(2009) ogbarruu yoo ibsu, "OgbarruunOgummaa kalaqa waa uumuu ta'ee kan muuxannoo jiruufijireenya keenya haqa irratti ittiin bu'uuressinuufi qabatamaatti ittiinmiidhakseeibsinuudha,"jedha.Yaada kanairraa kan hubbannu ogbarruun dandeettii waa uumuu ilma namaa yookaan kalaqqii sammuu ilma namaata'ee dhugaa hawaasa keessaajirubu'uura godhachuun dhugaa hawaasicha keessa jiru

sanamiidhagsuufi kalaqqii sammuu keenyaan jajjabeessuundhugummaaisaaqabatamaatti kankan agarsiisnudha.

Ogbarruun jiruufi jireenya hawaasa tokko bu’aaba'ii jireenya keessatti hawaasicha mudatan gaariista’ugadhee, ciminashaata’u, dadhabina akkasumas, yaaduma kanarratti Wasanee (2008:176) yoo ibsuu “ogbarruun aadaa hawaasa tokkoo dhalootaa dhalootatti kan dabarsu darbaa dabarsaa duudhaa, amantii falaasamaa, haala jiruufi jireenya haawaasichaa ta’uu isaati. Ogbarruun daaawwitii hawaasa tokkoofi kan hawaasni keessatti of ilaaludha. Calaqqisiistuu eenyaummaati. Hawaasa tokko irratti maaltuakkaraawwatameefiiraawwataame deebisee dhalootatti kan himu og-barruudha. Dhaloonni ogbarruu irraa seenaa yaadata. Maalummaa hawaasa darbee dhaloonni ogbarruu irraa hubata” jedha. Yaaduma kana Misgaanuu ( 2012:8) yaada kana yoo ibsu “Ogbarruun bu’aa ba'ii hawaasni tokko keessa darbe galmeessee kaa’a”jedha.

Ogbarruun ibsituu saba tokkooti. Sabni kamuu kan ittin ibsamu ogbarruu isaatiini. Sabni seenaa mataa isaa qaba. Seenaan sabichaa immoo ogbarruudhaan ibsama. Seenaan sabichi keessa kan inni yaadatamu. Kanaafuu, ogbarruun ibsituufi yaadachiistuu seenaa darbee waan ta’eef, seenaan sabichaa immoo ogbarruudhaan ibsama. Seenaan sabichi keessa darbe kan isaa akka itti raawwatame ogbarruu dhaan kan inni yaadatamu.Kanaaf, ogbarruun ibsituufi yaadachiistuu seenaa darbee waan ta’eef daawwiitiidha. Daawwiitii hawaasni keessatti of ilaaluun waan darbe keessaa kan gaarii ta’etti gammaduun kan badaa ta’e immoo itti gadduun kan dhaabbatee keessatti of ilaaludha. Fedhasaa (2013:7) yaada kana yoo ibsu,”Ogbarruun kalaqa sammuu ilma nama ta’ee ogummaafi dandeettii, aadaa, duudhaa, falaasama, haala jiruufi jireenyaa akkasumas, dhageettii keessa ofii gaddaafi gammachuu qaban kan ittiin ibsataniidha,” jedha.

Walumaagalatti, ogbarruunogummaakalaqasammuu ilma namaa ta’ee aadaa, duudhaa, falaasama, haala jiruufi jireenyahawaasatokko baasee kan calaqqisiisudha.

Haala dhiyaannaa isaa irratti hundaa’uun ogbarruun bakka gurguddaa lamatti qoodama.Isaanis: Ogbarruubarreffamafi Ogafaan (afoola) dha. Akka Fedhaasan (2013:29) ogbarruu yoo ibsu, “ Bifa ittiin dhiyaatu irratti hundaa’uun bakka gurguddaa lamatti qooduu dandeenya.Isaanis: og barruu afoolaafi ogbarruu barreffamaati” jedha .

Ogbarruu barreffamaa kanneen jedhaman kalaqaa sammuu ilma namaa barreffamaan taa'anidha. Fedhasaa (2013:30) yaada kana akka ibsetti ogbarruu baarreeffamaa kan jedhamu .k alaqasammu ilmanamaa ta'eekanwaraqaa irratti katabamuun dubbistootaafdeebi'ee dhiyaatudha. Ogbarruu barreeffamaa kanneenjedhaman immoo asoosama, walaloo, diraamaa FI fiiilmiidha. Ogwalaloogosa ogbarruu baEgaa afoolli karaa hedduu ibsama, kanneen keessaas mammaaksa, oduu durii, geerarsa, hibboo sirbaa fi kkf yoo tahan qorannoon koo sirba irratti kan hundaa'e ta'ee xiinxala ergaa sirba ''Imaanaa Dhalootaa'' jedhu kan weellisaa Aadaa Hirkoo 2017 A.L.A maxxanfame irratti xiyyeeffata. Sirbi kun haala jiruuf jireenyua hawaasaa kan ibsuudharreeffama keessa isaa umrii dheeraa qabudha.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Waanti raawwate yookiin raawwachuuf deemu tokko ga'umsa hidhabu. Ga'umsa gaarii qabaachuufis ka'umsa gaarii isa barbaachisa. Haaluma kanaan qorannoon tokko gaggeeffamuuf ka'unsatu barbaachisa. Haaluma kanaan Qorattuun kunis akka ka'umsaatti fudhattee qorannoo tokko gaggeessuuf deemu keessatti afoolli uummata Oromoo karaa dhiibbaa adda addaa irraa kan ka'e laafaa dhufee ture. Kunis sirnoota darban keessa mootummoonni biyya kana bulchaa turan garaagaraa aadaa, duudhaa, seenaa fi falaasamni Oromoo akka hin dagaagneef shoora olaanaa taphatniiru. Yaada kana ibsuuf Misgaanuu (2011:6) "Tooftaa habashoonni Afaan Oromoo balleessuuf baafatanii turan keessaa; afaan, aadaa, duudhaa, falaasama fi amantii hawaasa Oromoo balleessuudha" jedha.

Haata'u malee, hawaasni Oromoo aadaa, duudhaa fi seenaa isaanii ogafaaniitti gargaaramuun dhalootaa dhalootatti dabarsaa kan turaniidha. Garuu mootummoota darban keessa afoolli hawaasa kanaa dhaloota dhalootatti akka hin darbine dhiibbaa gochaa turaniiru. Yeroo ammaa garuu sababa babal'achaa fi dagaagaa deemuu barnoota Afaan Oromoo irraa kan ka'e afoolli kunneen deebi'anii lubbuu horachaa jiru. Qorattunis lubbuu horachaa deemuu afoolaa keessaa sirbaa keessatti gahee ishee gumaachuuf kakaatee jirti. Gama biraatiin "Imaanaa dhalootaa" jedhu kun yoo bifa barreeffamaatiin taa'e waggoottan booda nama qorannoo mata duree kanaan walqabatu irratti gaggeessuuf akka ka'umsaatti ni gargaara. Oromoon gosoota afoolaa hedduu qaba. Isaanis; oduu durii, mammaaksa, hibboo, ciigoo, geerarsa, sirbaa fi kanneen kana fakkaataniidha.

Gosoota afoola Oromoo keessaa sirbi isa tokko ta'ee afoolli dhalootaa dhalootatti kan darbu kuufama aadaa Oromooti. Akkasumas ergaan isaa dargaggootas ta'e, ga'eessota kan hawwatu muuxxannoo hawaasa tokkooti. Yaada kana ilaalchisee Misgaanuu (2003-11) wabeeffachuun yoo ibsu"Sirbi aadaa gosa ogwalaloo ta'ee gooroo ogafaanii durii keessaa ture ykn jiruudha." Kana malees Nagariin (1995) sirba yoo ibsu "sirbi yeroo baay'ee jechoota filatamoo fi gaggabaaboon ergaa bal'aa ta'e kan dabarsuu danda'uudha" jedha. Qacceessa qabiyyee faaruu loonii irratti bara (2008) gageesseera. Haa ta'u malee qoraatan kun hamaa sakatta'e ilaaleeti xiinxala ergaa sirba "Imaanaa Dhalootaa" jedhu irratti qorannoon wan hin geggeeffamneefi qawaa gama kanan jiru duchuutu nakakaasee. Sirbi "Imaanaa Dhalootaa"jedhu yoomessa akkamii keessatti sirbama?

- Sirbi "Imaanaa Dhalootaa " ergaa akkamii dabarsa?
- Sirbi "Imanaa Dhalootaa "jedhu qabiyyee akkamiitiin ergaa barbaade dabarsuuf yaale?
- Duudhaalee Oromoo wantoonni agarsiisan sibicha keessa jiran maalfaatu jiru?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroon qorannaa kanaa ergaa sirba''Imaanaa dhalootaa"jedhu kan Aagaa hirkoon bara 2017 maxxanfame xiinxaluu ta'a.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

**Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa kanneen kanaa gadii kana ta'a.**

- sirba "Imaanaa dhalootaa" jedhu dabarsu maal akka ta'e adda baasuu
- Ergaa sirba "Imaanaa dhalootaa" jedhu qabu qabiyyee isaan ibsuu
- sirbi "Imaanaa dhalootaa" jedhu duudhaalee Oromoo keessatti mul'atan ibsuu

## 1.4 Barbaachisummaa qorannichaa

Qora nno

Qorannoon kun yemmuu gaggeeffamu faayidaa armaan gadii ni kenna jedhamee eegama.

- ✓ Dagaaginaafi guddina afoolaafi afaan Oromoof nigumaacha

- ✓ Qorattootni kanaan booda mata duree kanaan walqabatu irratti qorannoo gaggeessaniif akka ka'umsaa fi ragaatti tajaajila.
- ✓ Barattoota qorannoo biraa sirba xiinxaluu irratti gaggeessaaniif bu'uura godhachuun qorannoo kan biraa adeemsisuu danda'u jedhamee waan yaadameef qorannoon kun akka geggeeffamuuf barbaadame.

### 1.5 Daangaa qorannichaa

Hojii qorannoo tokko bu'a qabeessa taasisuuf akkasumas odeeffannoo gahaa ta'e tokko argachuuf qorannichaaf daangaa kaa'uun barbaachisaadha. Kunis bajetaa fi yeroo akka qusatuuf yemmuu ta'u; qorannichaafis odeeffannoo qulqulla'aa ta'ee fi ifaa ta'e argamsiisuudhaaf gahee olaanaa qaba. Kanaafuu, qorannoon kun sirbarratti daanga'a.Sirba keessa immoo xiinxala ergaa sirba "Imaanaa Dhalootaa jedhu kan Aagaa Hirkoo irratti ta'a.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannaan tokko geggeeffamee kaayyoo qabatee ka'e galmaan ga'uuf gufuuwwan hedduu qabaata. Haaluma kanaan qorataan yeroo qorannaa kana geggeessaa turetti rakkooleen garaa garaa kanneen akka: hanqina meeshaalee deggersaafi yeroon qorannoo kanaaf kenname gabaabbachuun hanqinoota qorannoo kana keessatti qorataa mudataniidha.

Kanaafuu, meeshaalee deggersaa barbagifachuun achisan kanneen akka kitaabilee namoota qaban irraan'eertaiifi hanqina yeroo mudateeef ammoo, yeroo isaatti karooraan fayyadamuufi yeroo bashannanaa hi'isuun qorannichaaf qooduun qorannichi gaaffilee ka'eef deebisee argannoo irra akka ga'u ta'eera.

.

# BOQONNAA LAMA : SAKATTAA BARRUU WALFAKKII

## 2. Sakatta'a Barruu Yaadirimee

### 2.1. Maalummaa Ogumaa

Ogumni umurii dheeraa qaba.Dhalli namaa Barreeffamaan of ibsuu osoo hin jalqabiin dura Ogafaan (*oral literature*) yookiin afoolaan, fakkii fi bocaan yaada ofii ibsaacha ture. Kannarra kan ka'e, umuriin Ogumaa umurii afaanitiin walqixaa jedhamee tilmamaama.Umurii kana kessaatti ogumaaf hiikaa adda addaatu kennamaa ture. Asafaa (2009:20) Yommuu ibsu, "*Ogumni waa'ee jiruuf jireenya dhala namaa ta'ee ,namootaan qindaa'ee namootaaf dhihaata."*Jedha.kun immoo namoonni hojii fi qo'annoo adda addaa irraa akka hubannoo isaaniitti hiikaa adda addaa haa Kennan malee seenaan Ogumaa yaada namootaan ol illee kan ta'uudha. Sababni isaas ogumni umurii isaa umurii afaaniin waan tilmaamuuf jechuudha. Asafaa (2009:20) kitaaba isaa "***Eela"*** jedhu keessatti yommuu ka'u, "*Hiikawwan ogumaa hunda tarreessinee kaa'uu hin dandeenyu.Yaada qo'attoonni Ogumaa irratti qaban ibsan kessaa, kan Ogumaa uumee yookiin Ogumaa kalaqee, oguma isaa barreeffamaan dhihaatu yookiin ogma afaaniin dhiyaatutti qoodna"* jechuun lafa kaa'a. Gabaabumatti akka yaada hayyuu kanaatti ogumni hiikaa daanga'aa akka hin qabnee, galaanaa akka ta'eefi umuriin isaas dheeraa akkuma ta'e hiikni isaas bal'aa ta'uusaa kan ibsuudha. Akkasumaas, ogumni ogbarruu fi ogafaani kan of jalatti hammatudha.

### 2.2. Maalummaa Ogbarruu

Maalummaa ogbarruu ilaalchisee hiikni walfakkaataan ogbarruuf laatame hin jiru.Yaada kanaa Fedhasaan (2013:1) yoo ibsu , "*Ogbarruun hiika aadda addaa qaba. Kunis ilaalcha beektonni madda jecha sanaaaf qaban irraa burqe. Jechi ogbarruu jedhu kunis hiikuma sana qabatee gara barreeffama kalaqa Oromoo seene.*" jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, jechi og barruu jedhu jecha "*literature"* jedhu irraa kallattumaan gara afaan Oromootti kan hiikame ta'uu fi ogbarruuwwan barreeffamaan jiru qofaatti akka daanga'u taasisuusaati.

Ogbarruun waa'ee namaa ta'ee namootaan qindaa'ee namootaaf kan dhiyaatu ta'uusaati. Ogbarruun waa'ee namaa ta'uun isaa hayyoonni dirreewwan qorannoo adda addaa keessatti argaman ogbarruuf hiika kallattii adda addaan akka kennan isaan taasiseera. Hayyuuleen

ogbarruu mataa isaaniitiin akkaataa isaaniif mijatetti hiika waan itti kennaniifidha.Kana jechuun hayyoonni yaada walii fudhachuuf qophii ta'uu dhabuu dhaan walqabata. Fedhasaan (2013:3) yoo ibsu, Sababni hayyoonni warri dhimma ogbarruuf hiika walfakkaataa kennuu dadhabbiif

ogbarruun jiruuf jireenya dhala namaan kan walqabate hunda waan ibsuuf ogbarruun kana jechuun hiika walfakkaatu kennuufiin akka hin danda'amnedha.

Asafaan (2009:20) yoo ibsu, " *Ogbarruun kalaqa sammuu ta'ee jechoota filatamaadhaan yaada barbaadan afaaniinis ta'e, barreeffaman mi'eessee yookaan miidhagsee dabarsa. Kanaafuu ,waan barreeffamus waan himamus ni dabalata*." jedha.Yaada hayyuu kanaarraa kan hubatamu, kan afaaniinis ta'e barreeffamaan yaada barbaadan ittiin dabarfatan ogbarruu akka jedhamu yaada jedhu of keessaa qaba.

Dabalataanis waa'ee namaan kan walqabate hunda keessaa galee tajaajiluu danda'uu ogbarruu kan mul'isudha.

**2.3. Ogbarruu Barreeffamaa**

Ogbarruun barreeffamaa kalaqa sammuu ilmaa namaa barreeffamaan jiru hunda hammata. Ogbarruun waan barreeffamaan jiru hunda osoo hintaane, waan kalaqa sammuu dabalatu qofa.Innis, ulaagaa ittiin adda ta'u qaba. Ogbarruun barreeffamaa bifa midhaagina qabuun sammuu namaa hawwatuun kan kalaqamuudha. Ta'us garuu, barreeffamoonni midhaagina qaban hundi Ogbarruu ta'u jechu miti. Barruulee dhugaa himan kanneen akka gaazexaa, kitaabilee barnoota fi kan kana fakkaatan hammam midhaganille Ogbarruu miti. Sababni isaas dhugaa jiru kallattiin gabaasu. Kanaaf ogbarruu ta'uuf kalaqa sammuu dabalachuu qaba.

**2.4. Gosoota Ogbarruu Barreeffama**

Ogbarruun barreeffamaa bakka gurguddaa sadiitti qoodama. Isaaniis: Asaasama, Diraamaafi Ogwalaloodha. Ogbarruu barreeffamaa kanneen keesssaa qorannoon kun kan ogwalaloodhaan wal qabatudha. Ogwalaloo jalaa immoo sirba irratti Kan xiyyeeffata.

**2.4.1. Asoomaa**

Asoosamni hojii kalqaa ta'ee muuxannoo hawaasa keessa Jiru hawaasichaaf kan dhiyeessudha. Misgaanuun (2012:15) yaada kana yoo ibsuu, "A*soosamni akaakuu ogbarruu barreessaan tokkoo gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin rawwataman*

*yookiin raawwatamuu danda'an ka'umsa godhate; akka hubannoo fi ilaalcha isaatti dandeettii kalaqu isaatiin qindeessuudha.*” jedha. kana jechuun asoosamni kan barreessaan, wantoota yookiin gochaalee hawaasa keessaatti mul'atan irratti hundaa'uun waan ajaa'ibsifateefi waan komate yookiin amala badaa arge barreeffamaan kan dhiyeessuudha.

### 2.4.2. Diraamaa

Diraamaan ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee beekumsaa fi muuxannoo dhala namaa jiruuf jireenya dhala namaa keessatti dhalootaa kaasee hanga du'aatti kan Jiru bal'inaan kan ibsudha. kunis wanta addunyaa dhugaa keessatti dalagamuufi jireenya ilma namaa keessatti mudateefi mudachuu danda'u kan agarsiisudha.

Taatota diraamaa keessatti muul’atan akkuma namoota addunyaa dhugaa keessatti argamanii jiruufi jireenya isaanii keessatti wantoonni hedduun isaan qunnamuu fi mudachuu danda’a.

Misgaanuun (2012) yaada kana yoo ibsu*, “Qooddataa ilaalchise amanamaa ,aadaa akkasumas, jiruuf jireenya hawaasa bara sanaa irratti hundeeffame calaqqisiisuun ergaa dabarsudha”.*jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti qoddataan addunyaa fiilmii keessatti dhugaa hawaasa keessa Jiru tokko ka'umsa godhachuundhaan gochaa fi yaada mataa isaa haala dhugaa mul'isuu danda'uun kan ergaa qabatamaa hawaasa keessa jiru dabarsuu qabudha.

### 2.4.3. Ogwalaloo

Ogwalaloon kalaqa argaa yaadaa bifa caaseffama walaloofi walaleessumaatiin qindaa’e ijaaramudha.Ogwalaloon dame ogbarruu umurii qabaachuun beekamudha.Ogwalaloon amalaafi akkaataa caaseffama isaatiin barreeffamoota kalaqaa irraa adda ta’ee dhiyaata.Ogwalaloon jaarraa dheeraaf afaaniin daddarbaa ture, adeemsa keessa gara barreeffamaatti ce’uu danda’eera. Dameen ogwalaloo bifa barreeffamaatiin dhiyaatu barwalaloo yoo jedhamu, kan quunnamtii afaaniitiin qindaa’aafi dhalootaa irraa dhalootatti daddarbaa ture immoo afwalaloo jedhamuun beekama.

## 2.5. Ogafaan

Ogafaan dhalootaa dhalootatti kan darbu ambaa uummataa kan ta`ee fi qabeenya dhalli nama yaada ittin ibsatudha. Akkasumas walii galtee dhala namaa keessatti gaheee guddaa kan qabudha. Dabalataanis amalli lufuummmaa isaa afaaaniin kan ta`edha. Waa`ee yaada kanaa

Dirribaan (1998:157) yemmuu ibsu "*ogafaan haala jiruu fi jireenya dhaloota darbee kan ibsuu fi daawitii aadaa, seeenaa fi jireenya darbeeti*." jedha. kana jechuun hawaasni durii afaanuma isaatin seenaasaa, aadaasaa fi jiruuf jireenya isaa ittiin ibsachaa fi daddabarfachaa akka ture nu hubachisa.

### 2.5.1. Faayidaa Ogafaani

Lufummaan ogafaanii afaaniffaan hanga ta`eetti hawaasa barreeffamatti dhimma hin bane biratti dhimma jiruu fi jireenya hawaasichaa dhaloota dhalootatti dabarsuuf baattoo guddaadha. Yaada kanaan walqabaatee Tafariin (1998:157) irratti yoo kaa`u, "*ogafaan hawaasa qubee bocanii yookiin uumanii hin fayyadamiin biratti waan addunyaan fakkaatu labata uumee irraa labata itti aanutti dabarsuudhaf gahee inni qabu guddaadha."* Jedha. Kanarra wanti hubannu ogafaan kan hawaasni tokko aadaasa, duudhaasa, fi eenyummaasa dhaloota dhalootatti ittin dabarfata turee fi dabarfataa jiru ta`u isaa agarsiisa.

### 2.5.2. Amaloota Afoolaa

Afoolli akkuma yaadrimee mataasa qabu amaloota ittin beekamus ni qaba. Afoolli amaloota garaaagaraa qaba. Dirriibaan (1999:49) yommuu ibsu, "*waa`een afoolaa tokko yeroo dubbatamu wanti biraa hafuu hin qabne fi waliin ka`uu qabu keessa inni tokkko amala afoolaatI.* " jechuun ibseera. Akka yaada kanaatti waa`een afoola yeroo ka`u amalli afoolaas kan waliin ka`u ta`uusaa kan nama hubachisudha. Kana jechuun afoolli ogumma hawaasaa kan afaaniin dhaloota dhalootatti darbu kun amaloota adda addaa ittiin beekamu qaba. Amaloonni kunniin gosoota afoola hunda kan ibsanidha. Amaloota afoola kana yeroo tokko tokkoon ilaallu akka armaan gadiitti kan ka`amanidha.

#### 2.5.2.1. Hurruubummaa

Amalli afoola hunda caalaa bu`uura ta`e hurruubummaadha. Hurrubummaan amaloota afoolaa keessa isa bu`uuraa akka ta`e hayyoonni hedduun ni ibsu. Yoo hurrubummaan hin jiru ta`e, afoolli jira jechuun hin danda`amu.Haaalli uumama isaas ta`e adeemsi daddarbuu isaa hurruubummaa irratti kan hunda`edha.(Hiikaa fi Alamituu, 2010). Afoolli kamiyyuu yoommessa hawaasummaa mataasarratti hunda`ee hurruubaatin jamaa fulduratti dhiyaata. Kana jechuun garuu afoolli bakka jamaan hin jirretti hin hurruubamu jechuu miti. Afoolli ogummaan isaa

haalan kan gobaneemul`atu, kan kaayyoon hurruubammaa bakka ga'uu danda`uufi yaada jamaas booji'uu kan danda'u jamaa fuuldurratti kallattiidhaan yoo hurruubamedha.

Dabalatanis, Finnegan (1970) akka ibsitetti, Afoolli kan dhugoomu raawwiini. Kana jechuun ammoo hojiin afoola tokko akkuma maqaan isaa ibsu, dubbiin dhugoomu danda'a.Kunis haawaasa keessatti waltajjii tokkorratti dhimma tokkoof dubbatama.Hayyoonni hedduun amaloota afoolaa keessa hurruubummaan isa bu`uura akka ta `e amanu. Warquun (2001:8) yoo ibsu,

> "*Afoola sochii qamaaf sagaleetiin ala dabarsuun rakkisaadha. Kan geeraru yoo jiraate, kan si`eessu jiraachuun hin ooluu. Kan weellisu yoo jiraate, kan jalaa qabu jiraachuu ni mala. Kan mammaaku yoo jiraate, kan dhaggeefatu jiraachuun dirqama. Kan jedhuu kan jalaa qabu yookaan kan dhaggeeffatu jidduutti quunnamtiin wal irraa hin cinne ni mul`ata."*

Jedha. Kanaafuu, afoola keessatti gochi ga`ee olaanaa qaba jechuudha. Kunis immoo walduraa duubaan dhiyeenyi afoolaa gochaan waan mul`atuufi afoolichi akka miidhagina argatuu fi lubbuu horatu kan taasisudha.

Hurruubummaan afoolli tokko jamaa fuulduratti yoo dhiyaatu qalbii daawwattootaa too`achuudhaaf waan amalli afoola sun eeyyamu mara raawwachuudhaaf ogummaa fi dandeettii dhunfaa isaa ida'a. Sochiin qaamaa harki, mormii fi gateettiin gahee afoolli hurruubamaa jiru sun irraa barbaadu bahu. Sochii qaama kanneeen irraa haalli gammachiisaa, gaddisiisaa fi jajjabeessaa uumamee qalbii jamaa akka harkisuuf hurruubaan carraaqqii guddaa taasisa.

#### 2.5.2.2. Uummatummaa

Amaloota ogafaanii keessa tokko kan dursee qindeesse beekamu dhiisuudha. Kunis, mammaaksa, oduu durii yookaan weedduu kan jalqaba weeddise yookiin walaloo isaa qindeesse abaludha jechuun hin danda`amu. Kun immoo ogafaan amala uummatummaa kan qabu ta'uu agarsiisa. Abbummaan ogafaani uummatadha. Uummatummaa ogafaanii ilaalchisee hawaasni kamiyyuu aadaa, dudhaa, gaddaaf gammaachuu, jibbaf jaalala, fedhii fi abdi isaa kan ittin ibsatu ogafaan mataasa qaba. Yaada kana ilaalchisee Asafaa (2006) akka ibsetti, "*ogafaan qabeenya walii galaati malee qabeenya dhuunfaa miti.Kan mirga abbantaa isaa falmatu hin jiru. Hawaasni gamtaan waliin bulu, oomishu, duulu, godaanu, adamsuu fi bobbaasu hawaasummaa, siyaasa, diinagdee, amla waliifi kkf Ilaalchisee mammaaka, gumguma yookaan dhaadata*"

jedha. Yaanni olii kun akka addeessutti, ogafaan qabeenya nama tokko lamaa osoo hin taane qabeenya hawaasa walii galaati.

Afoolli qabeenya uummatati. Kana jechuun afoolli amala hawaasummaa kan qabu fi nama walitti isa qabu kan qabu ta'uusati. Kana malees, afoolli kalaqa sammuu ilma namaan haa uumamuyyuu malee, kun kan abaluti jechuun ragaan kan hin jirree fi ergaanafoola kan uummataan uumamedha. Dabalataanis, ergaa afoolli qabeenya uummataati kan jedhu ilaalchisee akka fakkeenyaatti afoolli oromoo kan saba oromoo maraati. Kana jechuun afoolli bu'aa sammuu gareeti malee, kan nama tokko qofaan uumamu  yookiin kalaqamuu miti jechuudh.

#### 2.5.2.3. Lufummaa

Lufummaan amala afoolaa keessaa isa birooti. Lufummaan haala afoolli dhaloota dhalootatti darbuun kan walqatudha. Afoolli bara kalaqamee eegalee hanga har`aatti utuu daddarbuu lubbuun isaa as gaheera. Dhaloota dhufuttis haaaluma wal fakkaatun lufa (Misgaanuu, 2011). Yaadrimee armaan oliirraa kan hubannu afoolli uummataa uummata yeroo sanaa qofa tajaajilee kan hin dhabbannee fi gara dhaloota itti aanutti kan darbu ta'uu isaati. Afoolli baroota dheeraadhaaf turuu fi dhaloota dhalootatti daddarbuun isaa amala lufummaa afoolaa dangaa ce'ee hawaasa tokko irra gara hawaasa biraatti kan makamu ta'uu fi gocha (sochii qama) dabalate deeggarsa jechaan daddarbudha.

#### 2.5.2.4. Jijjiramummaa

Afoolli sababa afaanin dhaloota dhalootatti darbuuf, yeroo hurrubamu itti dabaluu fi irraa hir`isuun ni jiraaata. Kun ammo amla jijjiiramummaa qabaachuu agarsiisa. Namoonni adda addaa afoola wal fakkatu yeroo adda addaa keessatti bifa garaagaran hurrubuu danda`u. Adeemsa jijjiiramuu kana keessatti  qabiyyee guutummaa afoolichaatu jijjirama osoo hin taane qabiyyee jalqabaa qaburraa hir`isuu yookiin itti dabaluu fi haala itti  dhiyaachuu danda`utu jijjirama  agarsiisa malee ergaan isaa hin jijjiiramu.

> Akka Hiikaa fi Alamituun (2010) ibsanitti, "jireenyi *afoolaa kan dhugoomu afaan namootaatiin dubbatamuun yookiin weedddiffamuutiin waan ta'eef, walakkaan isaa yookiin guutumaa guututti adeemsa keessa jijjiramuu danda'a. fakkeenyaaf namni afoola keessaa sirba gaa'ilaa namaaf dhiyeesse booda yeroo biraa osoo namoota biraaf isuma dhiyeessuuf yaalee, akka gaafa duraatti guutumaa guututti dhiyeessa miti. Kaan itti dabala; kaan irra hir'isa.Kanaafuu, afoolli amala jijjiramummaa qaba jechuun ni danda'ama.*"Jedhu. Kun immoo kan nu

hubachiisu amala affoolli yeroodhaa yerootti amala dhaabbataa hin taane akka qabuu fi jijjiramuu danda'uusa nu hubachiisa.

#### 2.5.2.5. Miidhagummaa

Miidhagummaan amaloota ogafaanii keessa isa tokkodha. Ulaagaaleen qabiyyee ogbarruu barreeffamoota akka sayinsiifi seenaarra adda taasisan keessaa miidhaginaa fi qindoomina qabaachuusaati. Akkasumas afoolli miidhagina addaa akka gonfatuuf wantoonnii gargaaran yaa'a fi yeedaloo qabaachuu, dubbiiwwan qolaa adda addaatiin dhiyaachuu, irradeddebii sagalee, suura sammuutti uumuu, qomatti qabatamuu danda'uu fi muuxannoo dhugaa hawaasichaarraa kan maddu ta'uu isaati.

## 2.6. FaayidaaAfoolaa

Afoolli faayidaa hedduu qaba.Isaan keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

### 2.6.1. Ibsuuf

Afoolli meeshaa dhalli namaa aadaa, seenaa fi haala jiruuf jireenya isaa ittiin ibsatudha. Misgaanuu (2011:6) yaada kana yemmuu ibsu, *"afoolli ibsituu aadaa fi calaqqisiistuu eenyummaa saba tokkooti.Afoola beekuun eenyummaa beekuudha. Aadaa beekuun immoo jiruu fi jireenya dhunfaa fi hawaasaa beekurra darbanii of beekuudh.Afoolli beekumsa, amantaa, fi aadaa hawaasichaa jecha afaanii fi gochaan kan dabarsanidha.*"Jedha. Akka yaada kanarraa hubannutti, afoolli aadaa, amantaa, jiruu fi jireenya hawaasa kan ibsudha. Akkasumas, Jaarraa fi Wasaneen (2000:169) gama isaanitiin yemmuu ibsan, "*afoolli gaaffilee naannoo keenya irratti ka`aniif deebii kenna. Wantoota naannoo adda addatti argaman irratti hubannoo cimaa ta`e tokko dabarsuudha*."Jedhu.

### 2.6.2. Cimsuuf

Afoolli jireenya hawasaa tokko keessatti dhaabbilee yookaan waldaan aadaa, duudhaa, fi kan kana fakkaatan bifa cimina qabuun dhalootaa dhalootatti akka darbu taasisa. Yaada kana ilaalchisee Yaadannoon (2014:9) gama isaatiin akka ibsutti, "*afoolli wal qunnamtii hawaasaa cimsuu,saafuu fi sona hawaasa tokko dhaloota itti aanuuf dabarsuu keessatti akka riiqichaatti fayyada*." Jedha. Yaada kana irraa akka hubatamutti afoolli walitti dhufeenya hawaasaa kan cimsuu fi duudha hawaasaa dhaloota dhalootatti kan dabarsu ta'u isaati. haaluma wal fakkaatuun Jaarraa fi Wasaneen (2000:10) yemmuu ibsan, *"afoolli aadaa fuudhaa fi heerumaa, aadaa nyaataa, ateetee fi aadaa wal kabajuu cimsee akka itti fufu taasisa*." Jedhu. Yaadni kun kan ibsu afoolli hawaasa tokkoo keessatti aadaa gaariin akka itti fufu kan taasisudha.

### 2.6.3. Barsiisuuf

Afoolli afaan, aadaa, seenaa fi duudhaa hawaasaa barsiisuuf barbaachisaadha. Yaada kana ilaalchisee Misgaanuun (2011:35) yemmuu ibsu, "*uummata kamiifuu osoo barnootni ammmayyaa kun hin dhufiin akka madda barnootaa fi beekumsaatti kan tajaaajilaa ture afoola isaati*." Jedha. Akka yaada kanarraa hubannutti, afoolli akka madda beekumsaatti hawaasaa tajaajilaa kan ture ta'uu isaati. akkasumas Yaadannoon (2014:9) gama isaatin yemmuu ibsu *"afoolli eenyummaa hawaasaa fi nama dhunfaa beekuuf aadaa fi duudhaa hawaasaa barsiisuuf fayyada*." Jedha. Akka yaadni kun ibsutti afoolli waa'ee nama tokko baruu fi haala jiruuf jireenya hawaasa barsiisuuf kan oolu ta'uu isaati.

### 2.6.4. To`achuuf

Afoolli naamusa, haala jiruuf jireenyaa, amala gaarii hawaasa ni barsiisaa. Amla yookiin gocha gadhee kanneen akka: hattummaa, doqnummaa, gowwummaa, ofittumaa fikkf immoo akka hin babal`anneefi to'achuuf gargaara. Yaada kana ilaalchisee Jaarraa fi Wasaneen (2000:171) yemmuu ibsan*, "afoolli amaloota gadhee yookiin badaa ta`an akka hin babal'annef, amalootni fudhatama qaban immoo akka cimaanii itti fufan gochuudhaan seerri yookaan aadaan uummataa akka hin cabne kan eegudha*." Jedhu.

## 2.7. Gooroowwaan Ogafaanii

Ogafaan gooroowwan garaagaraa of keessaa qaba. Isaanis kaneen akka: hibboo, mammaaksaa, durdurii, sirbaa fi faaruuwwaan garaagaraa fi kanneen kana fakkaatan of keessaa qaba. Qorannoon kunis gooroowwan agafaanii kanneen armaan olii keessaa xiyyeffannoon isaa sirbadha. Sirba keessaa immoo sirba "Imaanaa Dhalootaa" jedhu kan weellisaa Aagaa Hirkoo bara 2017 (ALA)tti sirbe irratti ta`a.

### 2.7.1. Maalummaa Sirba

Jechi sirba jedhu kun sochii qaamaa akka ta'etti beekamuu danda'a. haa ta'u malee sochii qaama osoo hin taane walaloo yeedaloon sagaleeffamee, hurruubummaan dhugoomudha. Sochiin qaamaa garuu, maqaa ittiin beekamu qaba. Innis hurruubbii jedhama. Naannoo oromiyaa keessatti, hurruubbii gosa addaa addaatu argama. Fakkeenyaaf shaggooyyee, dhiichisa, mirrisa, geelloo, kunkummee fi kkf kaasu dandeenya. (Fedhasaa, 2019:1)

Egaa sirbi walaloo yeedaloon weellifamu yommuu ta'u, sochiin qaamaa ammoo hurruubii yeedaloo sana waliin wal miidhaksee kan dhiyaatu ta'uusaa hubanna. Kanaafuu sirbi hurruubbii

waliin wal qabata jechuudha. Sirboonni akaakuu afoola keessaa isaan tokko ta'anii kan nama bashannansiisanii fi bohaarsuuf oolanidha. Akkuma beekamu hawaasni keenya yeroo durii irraa eegalee hanga ammatti sirbootaa fi geerarsatti gargaaramuun wantoota adda addaa ibsachaa kan turee fi hammas ibsachaa kan jirudha. Sirbi aadaa uummata tokko keessatti bakka guddaa kan qabuu fi yoom akka itti fayyadamamullee kan beekamudha. Sirbi kan sirbamu dhimmoota hawaasummaa kanneen akka: jaalalaa, jibbaa, diddaa, rorroo, jajuuf, mormuuf, gootummaaf ta'ee waa`ee saba tokkoo kan ittiin saba biraaf, waa`ee biyya tokkoo biyya biraatiif ittiin ibsanidha. Kana malees sirbi faayidaa adda addaa kan qabudha. Kana jechuun hawaasni tokko gammachuu, gadda, jaalala, jibba, quuqama, rakkinaa fi bal`ina isaa sirbaan ibsachaa kan turedha. Namni tokko yemmuu aare aarii isaa kana bifa sirbaatiin ibsata. Yoo gammades, rakkates, gaddes, jaallatee fi jibbes akkasuma jechuudha.

Yaadota armaan olii kanarraa wanti hubatamu sirbi sochii qaamaa fi yeedaloo adda addaan miidhagee akkaataa miira namaa tuquu danda'uun kan dhyaatu ta'uusaa hubanna. Namoonni ilaalcha waan tokkof qaban, waan jajuu barbaadan, qeequu barbaadanii fi waan isaanitti dhagahame miira isaanii sirbatti fayyadamuun dabarfachuu akka danda'an hubanna.

### 2.7.2. Amala Sirba

Sirbi amala mataa isaa danda'e qaba. Waa'ee sirbaa ilaalchisee Nagariin (1995:4) Holman (1992:492) wabeeffachuudhaan yemmuu ibsu, "*sirbi amaloota kan akka miira namaa kakaasuu, onnee namaa boreessuufi garaa namaa raasu qaba"* jedha. Yaada kanarraa akka hubatamutti sirbi miirri nama waan tokkoof fedhii akka godhatuufi garaa namaa raasuun seenaa gaarii raawwatanii akka darbaniif ni gargaara.

### 2.7.3. Faayidaa Sirbaa

Sirbi kan weellisaan walaloo qindeessuun jechoota mimmiidhagoo fi yeedaloon isaa akkaataa miira keessoo namaa tuquu danda'uun kan dhiyaatudha. Kana malees, dhimmoota hawaasa keessa, fedhii, ilaalcha, siyaasa uummata tokkoo sirbatti fayyadamuun uummatnis ta'ee namni dhunfaan ni calaqqisiifata. Kanuma ilaalchisee, Misgaanuun (2011:72) yammuu ibsu,

> *"weedduun yookaan sirbi karaa walalootiin kan darbu ta'ee, haqa uummata gidduu jiru tokko ifa baasuuf, akka meeshaa olaanaatti kan nama gargaarudha. Akkasumas walaloon qaama weeddutiin darbu dhimmoota dhoksaatti nama miidhuu yookaan fayyaduu danda'an dhugaa jiruun walqabsiisuun haala keessa*

> *namaatti dhagahamuun jechoota filatamootti gargaaramuun ifatti baasuuf humna kan qabudha*" jedha.

Dabalataanis, faayidaa sirba (Tammanaa: 2003) akka jedhutti "*sirbi kan nama dhuunfaadhaan wantoota hawaasa keessa jiru fedhii namootaa fi rakkoolee isa mudateef, kan sirbamudha. Sirbi akkanaa kun yeroo baayyee geerarsa ta'uu danda'a.*" Jechuun ibsa. Egaa sirbi miiraa nama kakaasuu, akkasumas quqqaa ofii baasanii ittiin ibsachuuf faayidaa guddaa qabachuu isaa agarasiisa.

Akkuma beekamu sirbi faayyidaawan hedduu kan qabuu fi hawaasa oromoo birattis faayidaalee garaagaraatif kan ooludha. Sirbi fedhii, hawwii, rakkoolee bulchiinsaa garaagaraa, sirna siyaaasa, gaddaaf gammachuu ittiin ibsachuuf kan gargaarudha. Kana malees, akka meeshaa lolaatti kan gargaarudha. Kunis lola tokko irratti uummata keessatti kaka'umsa uumuu ni danda'a. Sirbi aadaa oromoo keessatti bifa garaagaraatiin kan dhiyaatu akkasumas, faayidaawan adda addaatif kan ooludha.

### 2.7.4. Akaakuu Sirbaa

Akaakuu sirbaa ilaalchisee haayyoonni yaada garaagaraa kennu. Misgaanu (2011:70), Ensaayikiloopidiyaa Britanica (1993:vol: II) wabeeffachuun yemmuu ibsu *"weedduun bakka lamatti qoodama. Isaanis Weedduu Ammayyaa fi Aadaati. Weedduun aadaa dirqama meeshaa muuziqaa kan hin barbaanneedha*" jechuun ibsa.

Kanaaf , sirbi akaakuuwwan gurguddoo kana lamatti kan qoodamu yoo ta`u, garuu gama sirba aadaatin immoo hikni garaagaraa akka jirullee Misgaanuun (2011:70) Encyclopedia Britanica (vol 14:84) dabalee wabeeffachuun yammuu ibsu *"sirbi aadaa gosa ogummaa afaanii (og-afaan) yeroo dheeraaf jiraate ta'ee, keessattuu weedduun kan aadaa afseenaa keessaatti argamu kan karaa dhagahuu fi hojjechuun baratamu, kan maatii fi garee hawaasa murtaa'an biratti bal'inaan argamudha."*jechuun ibsa.

Akkuma walii galaatti sirbi gosoota gurguddoo kanneen armaan olii kana lameenitti kan qoodamu yoo ta'u, sirbi aadaa, aadaan hawaasichaa kan keessatti calaqisudha. Kan ammayyawaa immoo dhimoota aadaan alaa kanneen akka siyaasaafaa kan hammatudha.itti aansuun immoo gosoota sirbaa muraasa fudhannee ibsuuf yaalla.

#### 2.7.4.1. Sirba Jalalaa

Sirba jaalalaa yammuu jennu jaalala maatii, biyyaa, jaalalleewwaniifi k.k.f kan of keessatti hammatudha. Jaalala kanas namni tokko sirbatti fayyadamuun ni dabarfata. Sirbi kun sirba jaalalaati jechuuf ergaa sirbichaa irratti hundoofnee murteessuu dandeenya.

#### 2.7.4.2. Sirba/Faaruu/ Ateetee

Sirbi ateetee hawaasa oromoo biratti bakka guddaa kan qabu yoo ta'u, sirbi kunis kan sirbamu dubartootaani. Akka aadaa hawaasa oromootti yeroo dubartiin deessu kan sirbamudha. Akkasumas, ateeteen loonii fi maatii faarsuuf illee nisirbama..

#### 2.7.4.3. Sirba Cidhaa

Sirbi cidhaa hawaasa oromoo biratti bal'inaan kan beekamu ta'e, godinaalee oromiyaa mara keessatti garaagarammaa kan qabudha. Sirbi cidhaa yeroo fuudhaa fi heerumaaf kansirbamudha. Innis misirroo lamaan kan farsuu fi yeroo farsamu kanas quuqqaa keessa isaanii jiru ittiin baafatanii ibsachuuf kan gargaarudha.

#### 2.7.4.4. Sirba Foollee

Sirbi foollee kan sirbamu akka sirna gadaatti foolleedhaani. Foolleen kutaa sirni gadaa umuriin kaa'u keessa isa tokko.Sirbi foollee sirboota aadaa hawaasa oromootiin walqabatan keessaa isa tokkodha. Foolleen hawaasicha biratti beekamaa fi bakka guddaa kan qabu yoo ta'u, innis kan sirbamu yeroo Abbaan Gadaa gadaa qabatu folleedhaan kan sirbamudha.

#### 2.7.4.5. Sirba Siyaasa

Sirba siyaasaa siyaasa keessatti akka meeshaa lolaattillee gargaaruf human cimaa qaba. Kaka'umsa gochuun onnee dadhabe jabeessuuf illee sirbi siyaasaa siyaasa keessatti iddoo olaanaa qaba. Siyaasni immoo bakka inni dhabamee hin jiru. Kanaaf uummanni oromoos sirbatti fayyadamuun quuqqaa siyaasaa isaa ibsata.

### 2.8. Sakatta'a Qorannoowwan Wal fakkii

Sakatta'a qorannoo wal fakkii yemmuu jennu hojiiwwan yookaan qorannoowwan qorannoo kana waliin walfakkaatan sakatta'uudha. Qarannoo kana waliin kan wal fakkatu qorannoon kanaan dura taasifame keessaa tokko qorannoo Sinnishawu Mul`ataan bara (2003) keessa mata duree "*Seenaa Jireenyaa weellisa Naggasaa Abdi fi Xiyyeeffannoo Sirboota Isaa*" kan jedhu yoo ta'u, qorannoon kun Yuunivarsiitii Finfinneetti Ulaagaaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan

gaggeeffamedha. Qorannoo isaa kanas boqonnaalee afuritti qooduun qo'ateera. Kana malees sirba weellisaa Naggaasaa Abdii irratti xiyyeeffachuun qorannoo gaggeesseera.Akkasumas ergaa sirboota isaa qorannoo isaa keessaatti ilaalera. Qorannoon kunis, sirba Aagaa Hirkoo ergaa isaa xiinxaluun boqonnaalee afuritti qoodamuun dhiyaatera. Kanaaf qorannoon kun lamaan wal fakkaatu.

Garaagarummaan qorannoowwaan kana lamaan gidduu jiru immoo Sinnishawu seenaa jireenya weellisaa Naggasaa Abdi waliin yoo xiinxalu, qorannoon kun immoo ergaa fi sirbicha keessatti duudhaaleen oromoo tokko tokko haala ittiin dhiyaatan kan ibsudha.

Qorannoon biraa qorannoo Giddumaa Wiliisaatiin bara (2007) tti mata duree *"Xiinxala Ergaa Sirboota kumalaa Addunyaa fi Angaatuu Baalcha*" jedhuun gaggeeffamedha. Qorannoon kun kan gaggeeffame ulaagaa digiriijalqaba guuttachuufidha. Boqonnaalee afuritti qoodamuun kan dhiiyate yoo ta'u, ergaa sirboota Kumalaa Addunyaafi Angaatuu Baalchaa kan xiinxaludha. Qorannoo kana waliin wanti isa wal fakkeessu, qorannoon kun lamaanuu ergaa sirbootaa xiinxaluu irratti xiyyeeffachuu isaaniifi lamaan isaaniyyuu boqonnaalee afuritti qoodamuun kan dhiyaatanidha. Garaagarummaan isaanii immoo qabiyyee sirbaa isaan xiinxalanidha.

Qorannoon biraa qorannoo kana waliin wal fakkaatu qorannoo Daani'eel Nagariitiin bara (2011)tti mata duree *"Qaacceessa Seenaa Caalaa Bultumeefi Hojiiwwan Isaa"* Jedhuun gaggeeffamedha. Qorannoon kunis ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan dhiiyaate yoo ta'u, waa'ee hojii weellisaa Caalaa Bultumeefi hojiiwwan isaa qaaccesseera. Qorannoo kana waliin wanti wal isa fakkeessu lamaan isaaniyyuu gooroowwan afoolaa keesssaa waa'ee sirbaa irratti kan xiyyeeffatan yemmuu ta'u, lamaan isaaniiyyuu ergaa sirboota irratti kan xiyyeefatanidha. Garaagarummaan isaanii immoo qorannoon Daani'eeliin dhiyaate waa'ee seenaa weellisichaafi hojiiwwan inni hojjete irratti kan xiyyeeffatu yemmuu ta'u, qorannoon kun immoo ergaa sirba kanaa qofa irratti kan xiyyeeffatudha.

# BOQONNAA SADII : MALEEN QARONNOO

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Dhimmi ijoon qorannoo kana qaaccessa ergaa ***sirba Imaanaa Dhalootaa*** jedhuu qaaccessuu ta'a.Qabatama kanaan saxanni qaronnoo kan qorataan qorannoo isaa galmaa ga'uuf akaakuu qaronnoo isaa akkamtaatiin hojiirraa ooleeradha.sababiin isaas waa'ee aadaa hawaasa, barsifata, gochaafi ilaalcha namootni aadaa irratti qaban gadi fageenyaan odeeffannoo argachuuf waan gargaaruuf.

## 3.2. Maddaa Ragaa

Maddi ragaa qorataan qorannoo kanaa dhimma itti ba'ee madda ragaa tokkoffaatti. Sababnisaa isaa sirba"Imaanaa Dhalootaa" jedhuu, waraabbii isaa dhageeffachaa, ijaan ilaalla odeeffannoo barbaachisu kallattidhaan kan sassaaberra.

## 3.3 Mala Iddaattoofi lddatteessuu

### 3.3.1. Iddattoo Qorannichaa

Qorannoon kun kan irraatti gaggeeffamu ,sirba weellisaa Aagaa Hirkoo Imaanaa Dhalootaa" jedhu kan bara2017 Maxxanfamee ergaa isaa qaaccessuudha.

### 3.3.2. Iddatteessuu Qorannichaa

Namoota sirbicha keessatti qooda fudhatan ilaaluun taateefi gochaa sirbicha keessatti argaman irraa deddebi'ee ergaa sirbi sun dabarsuu barbaaduu haalan qaacceaffamera. mala Iddatteessuu jirankeessaa qorataan qorannoon kanaaf mijaata kan ta'e mala iddatteessuu miti carra kessaa akkaayyooti dhimma ba'uuf sirbicha keessaa bifa yaadenmoo qabachuutiin sakkatta'insa kan gaggeessera.

## 3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Qorataan qorannoo kana gaggeesse gosoota meeshaalee funaansa ragaa jiran keessaa sakattaa dokimetiittin dhimma ba'eera.sababin isaas waraabbii sirbicha ilaalla galmeessuufdhaaf waraaqaafiqalamatti dhimma ba'eera.

### 3.5. Mala Qaaccessa Funaansa Ragaalee

Odeeffannoo maloota funaansa ragaalee irraa argamenfunaaname kan qaacceeffamedha. Tartiiba walaloo sirbichaatiin akka gaaffilee ka'umsa jalaatti ka'aniif deebii kennuu danda'utti ergaa isaaqaacceeffameera.

# BOQONNAA AFUR:RAGAALEE QAACCEESSUUFI HIIKUU

## 4.1.Qaaccessaa ergaa sirba Imaanaa Dhalootaa jedhuu

Sirbi kun weellisaa oromoo beekama Aagaa Hirkoo kan sirbame yommuu ta'u ,sirbichis sirboota hedduu inni qabu kessaa tokkodhaa.dheerinni yeroo sirbi kun fudhatus daqiiqaa ja'aa fi seekendii digdamii sagal (6:29) dhaa.sirbi kun jalqabaa sagalee dhaan mana maxxansa istidiyoo Rayyaatti kan maxxanfame yoo ta'u,warabbii suuraafi sagaaleen dhiheessera.Barreessan walaloof Yeedaloo sirba kan weellisaa Aagaa Hirkoo yoo ta'u,weellisaan sirbichaas isumadhaa.sirbichis akkaataa dhageettiif toluun walaloofi Yeedaloo mimmidhagoodhan ergaa tokko bifa yaad fakkiin sammuu dhaggeeffettoota keessatti uumuu kan danda'udhaa.keessumattuu sababoota dhiibbaa fi cunqursaa afaan,aadaafi waliigalaan immoo ummataa oromoo irratti mootummaa abbaa ireetin fincila diddaa garbummattin ture keessatti sirbamuun isaa immoo sirbichi jaalatamummaa guddaa akka argatu taasisee Jira.waalumagalati qorataan sirba Imaanaa Dhaloota jedhu kan Vidiyoo waraabamee Jiru bifa armaan gadiin barreeffamatti jijjruun ergaa isaa tokko tokkoon qaacceeffamerra.

Sirbi kun ergaawwan isaa gamaa hawaasummaa fi siyaasaan akkasumas, dinagdee jiru agarsisa.gamaa hawaasumman jaalala biyyaa ofii qabu kan ibsedha.gootonni oromoo Hagam biyya isaanii akka jaalatanii fi hanga lubbuu isaanii wareeganitti dhabbachuun biyya isaaniitiif darbanii of laachuu isaanii hubachiisa ergaa inni gama siyaasan qabusqabsoo gootoni Oromoo sirna mootummaa abbaa iree yeroo itt hin buluu jedhe lola turee argarsisu argina. Dabalataan eenyummaa saba Oromoo keessatti qoodni namoota jajjaboo ta'anii seenaa keessatti gocha seeneessi isaanii sammuu namoota hundumaa keessaatti akka hin dagatamneef gocha isaanii kana akka hubannuuf kan addeessaniidha. Gabaabumatti sirbi tokko gama artiin gahee inni siyaasaa, dinagdee, muuxannoo, aadaaniifi hawaasumman qabu daran olaanaa akka ta'e kan mul'isudha.

## 4.2.Ergaawwan Sirba "Imaanaa Dhalootaa" jedhu.

Akkuma qabiyyee isaa irra hubatamutti, sirbi “Imaanaa Dhalootaa” jedhu kunis dhaggeeffettoota ergaa dabarsuu qaba. isaaniis: ergaa kallattiifi alkallattiin hawaasaaf lama qaba. Inni jalqabaa hawaasummaa yemmu ta'u inni lammaffaa immoo alkallattii yookin bifa iccitiin dabarsuu barbaadaame immoo siyaasadha. Gama hawaasumman jaalala biyyaa ofii qabu Ibsuu lubbuu isaanii utuu hin qusatin wareegama barbaachisu kafaaluun yerootii darbafami kenna turanidha.

Gama siyaasatin dhibbaa mirgaakee namummaafi diimokiraasii mootummaa abbaa iree uummata irran ga'a ture ta'iiwwan addaa adda fakkeessun uummataaf ibsuuf kan yaalamedha. Walumaagalatti ergaawwan kanneen bifa armaan gadiin xiinxalamani Jiru.

### 4.2.1. Eenyummaa Hawaasa Ibsuu

Sirbaa kana keessatti eenyummaa Hawaasa wantoota garaagaraattin agarsiifameera .kunis sirbicha kessatti haala shubbisan yoo ilaalee,shubbisni achi kessaatti mul'atu geelloo kan qabuyoo ta'u, shubbisoota kutaa hawaasni oromoo itti qoqqoodamuu kessaa kan(macca) akka ta'e agarsiisuudha.gama biraan yoo ilaalle immoo ergaa walaloo bo'aa 1ffaa irraa jiruu akkaas jedhee.

*Mee yaadadhu gaggaafadhu*
*Gootumman akkam ture*
*Maal dubbadhu kanan kadhuu*
*Seenaa isaa na maarree (2)*
*Gootota oromoo kan biyyaaf lola ture*
*Wareegame ofii isaa lubbutti mure*
*Lammii isaa rakkoo fure*

Ergaa Walaloo kanarraa kan hubannuu, kanaan duraa gootonni Oromoo yeroo garagaraatti eenyumma fi biyyaa isaa irratti aggaamamee ofirraa qolaachuuf qabsoo hadhaawafi wareegama ulfaata kafaalaa turanidha. Nuttis imaanaa isaanii kennan kana utuu lafatti hin dhisiin dhaloota akka dabarsiin yaada kanarraa kanhubachuun danda'u.

### 4.2.2. Gama Jaalala Biyyaatiin

Sirbi kun gama jaalala biyyaa kana agarsiisuudha gootonni oromoo jaalala isaan biyyaa isaaniif qaban lubbuu isaanii kennuun diinaaf tolee utuu hin jedheen duraadhabbachuun yeroo itti biyyaa isaanii bilisa baasuuf dirree diimokiraasii har'aa irra imaachisuuf wabii ta'anii argin. walaloo isaas Kennan armaan gadiiti

……………….

*Goonnii lolee yaadannoo kaawwata*
*Akkam godheen Kaayyoo kan kee gataa*
*Sii dagaachuuf seenaan na gaafata*

…………………………

*Yoo namummaa naanis na ilaallata*. kana jechuu: seenaan hin badu yookin rirmi hin nyaatu waan ta'eef Oromoo Oromiyaaf jecha lubbuun isaanii darbe akka hin dagatamne yookiin hin badne kan agarsiisuudha. Yoomiyyuu nama seenaa gaarii hojjeteef yaadannoon akka barbaachisu kan agarsiisuudha.

### 4.2.3. Gama siyaasa Biyyaatiin

Sirbi kun gama siyaasaatiin ergaawwan gurguddoo dabarsu. Fakkeenyaaf,

*"Mee yaadadhu gaggaafadhu*

*Gootumman Akkam turee(2)*

*Maal dubbadhu kanan kadhusu*

*Seenaa isaa na maarree*

*Gootota oromoo kan biyyaaf Lola turee(2)*

*Wareegame ofii isaa lubbutti mure*

Lammii isaa rakkoo fure." Walaloo sirba kanaarraa wanti hubatamu, goototni Oromoo durii saba isaanii lubbuu kan hin mararfanne ta'uu isaanii ibsa. Akkasumas, dhalootni ammaa akka onnatu taasisa; seenaa gootota darbaniis ni yaadachiisa.

### 4.3.4. Gama Hawaasummaatiin

Walaloon sirba kanaa gama hawaasummaatiin kan ibsu qaba. Akka fakkeenyaatti, .

*"....Wareegame ofii isaa lubbutti mure*

Lammii isaa rakkoo fure" kan jedhu hawaasummaa ni ibsa. Sababni isaa of wareeganii lammii ofiif furmaata rakkoo ta'uun hawaasummaa jabeessuufidha.

### 4.3.5. Gama Dinagdeetiin

Sirba kana keessatti, dhimmi dinagdee kallattiidhaan ibsamee hinjiru. Haata'umalee, siyaasni bulchiinsa qofa utuu hintaane dinagdee ijaaruufnifayyada. Kanaafuu, sirbi kun alkallattiin gama dinagdeetiin waan ibsu qaba.

## 4.3. Faayidaa Sirba Imaanaa Dhalootaa

Sirbi jiruuf jireenya uummata aadaa, duudhaa, seenaafisafuu uummataa karaa salphaadhakaa ta'een dhalootaaf dabarsuuf akkasumas, dagaagina ogbarruu saba tokkoof bu'aa olaanaa qaba.

Hawaasummaa keessatti walitti dhunfeenya hawaasummaa cimaa uumuun guddina siyaasaa dinagdefi hawaasumaatiif faayidaa guddaa akka qabu lafa kaa'a.Sirbis gamaa walitti dhunfeenya hawaasummaatiin akkasumas fooyya'insa sirna diimokiraasii biyyaa keenyaatiif bu'aa guddaa buuseera.kanaafuu sirbi Imaanaa Dhalootaa kun ergaa isaa irraa ka'uun bu'aa inni gamaa dagaagina of barruu oromootiif qabu akkasumas, faayidaa hawaasummaaf siyaasaa keessatti qabu bifa armaan oliin qaaccessuuf yaalameer.

# BOQONNAA SHAN : CUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1 Cuunfaa

Ogbarruun dabarsaa baata aadaa uummataati Ogbarruun galmee jiruufi jireenya ilma namaa hubannoo, beekumsafimuuxannoo hawaasa gabaabseefi miidhagsee uumuudhaan kan ibsudha.sirbis gosa ogbarruu keessaa Ogwalaloo jalatti kan ta'e, namooni yeroo dheeraaf gammachuufi gaddaa hawaasni jiruuf jireenya isaa keessaatti waan itti dhagahamee kan ittin ibsatudha.

Malli qaronnoo kana keessatti dhimma itti ba'ame mala qaronnoo akkamtaati.malli iddatteessuu miti carra ammargeetti.maddi ragaa sadaarka tokkooffaatti .kunis wantoota sirbicha kessatti argaman irraa deddebi'ee dhaggeeffachuufi ilaalluunta'eedha.meeshaaleen funaansaa ragaa sakkatta'a dokumeentiin. Sirbi Imaanaa Dhalootaa jedhuu kun uummata oromoo biraati kabajaafi jaalala guddaa kan qabuufi dhugaa hawaasa keessa jiru maal akka fakkaatu kan ibsuudhaa.sirba kanaansa weellisan sababa garaagaraa irraa ka'uun kan sirbeedha.sababoonni kunis yommuu dirree waraana deeman biyyaa of ittin yaadachuuf, dhibbaa gootota oromoo kanaan duraa turefi haalli amma Jiru maal akka fakkaatu kan ibsuudha. Akka ragaatti akka ani sirbicha ilaaletti namni kammiyyuu bakka barbaadetti sirbu akka danda'uufi yoomasse garaagaraa keessatti sirbamuu akka danda'u kan ibsuudha.

Sirbi Imaanaa Dhalootaa jedhu Kun iddoowwan garagaraatti sirbamuu ni danda'aa.iddoowwan kunis: bakka walga'iiti, bakka mana dhuugaattiiti,bakka hiriirafi kkfti sirbamuu ni danda'a. Kanaafuu, hawaasni oromoo hundi sirba kana kunuunfatee dhalootaa dhufuuf dabarsuu qabaniidha qaba.

## 5.2 Argannoo

Qaronnoo kana galmaan gahuuf tattaaffiin taasifameen bu'aan qaronnoo kanaan argamee jira.Kanarra ka'uun dhaan gaaffilee ka'umsa qaronnoo kana keessatti ka'aniif deebiin argamee Jira.isaaniis:

- sirbi Imaanaa Dhalootaa jedhuu, sirbi afaan oromoo jalqabaa kan walaloonis ta'e Yeedallon isaa kan artist Aagaa Hirkoo ta'eefi isuman kan sirbamedha.sirbichis ergaawwan gurguddo qaba.
- Sirbi kun ergaawwan akkami akka of kessa qabu ibsamee Jira,isaanis:gamaa hawaasummaa, gamaa siyaasaa,gama dinagdee gama jaalalaa biyyaaf kanneen kan fakkatani deebii argaateera.
- Sirbi kun faayidaa inni qabu,gam dinagdee,siyaasa , hawaasummafi haala biyyaafi kanneen kana fakkatanidha ibsamin Jiru.

## 5.3 Yaboo

Hawaasa tokko keessatti sirbi iddoo guddaa qaba. Hawaaasni kammiyyuu Gaddafi gammachuu isaa,jibbaafi jaalala akkasumas yeroo roorron irraa gatuun haaluma rakkoo qunnamaan kan itti beeksifatuudha.kanaafuu, hawaasni keenya sirboota kanaa fkkf, akka eggatuuf yaada furmaata akka armaan gadiiti kaa'eera.

Sirbonni aadaa hawaasa keenyaaf faayidaa guddaa waan qabaniif qaronnoon walitti qabuun dhalootaa dhalootaatti akka darbu gochuuf barreeffaman olka'uunBarbaachisa. Biroon aadaafi turiizimii Oromiyaa sirboota aadaa ta'ee kan ammayya walitti qabee dhalootaa dhufuuf akka darbuu gochuun barbaachisa. Guddinaafi dagaagina hawaasa tokko keessatti sirbi gahee guddaa waan qabuufi mootummaan artiistota keenyaa jajjabeessuun deeggeru barbaachisa. Giddugalii aadaa godinaaleeirratti dhaabbatee hojii aartii akkaa babal'atu gochuun gaarii ta'a.Barattootni mummee afaan oromoo fi Ogbarruutiin dhaabbilee barnoota adda addaa irra eebbifaman sirboota afaan oromoo irratti sakkatta'a gaggeessuun caalaatti akka hubatamuu yoo taasisa dhaloonni Amma Jiru caalaatti akka hubatu taasisu danda'aa.

Walumaagalattii sirbi hawaasa tokko keessatti ergaa guddaa waan dabarsuuf dagaagina sirba kanaaf mootummaan, abboottin qabeenyaafi namoonni dhuunfaa akkasumaas, hawaasni bal'aa deggersa barbaachisa ta'ee akka godhaniif barbaachisan nan hubaachisa.

**Wabiilee**

AsafaaTafarraa (2009).**Eela**. Seenaa Oguma oromoo.Finfinnee: Far East Tradit.Plc.

Fedhasaa Taddaasa (2013).**Subii.** Yandoobu’uuraalee Ogbarruu. Finfinnee: Subi Printing Presss.

MisgaanuuGulumma (2012).**Yandoo.**OgummaafiOgwalalooOromoo.Finfinnee:Oromiyaa**.**

Nagarii Leencoo (1995). **Barruulee waaltinaa afaan oromoo wiirtuu jiildii**.Finfinnee: Biroo Aadaafi Beksisa Oromiyaa.

Wasaanee Bashaa (2008)..Finfinnee : Aster Nega Publishing Enter press.

**Dabalee A**

Gaaffileen cheeckistii kunninis kanneen armaan gadii yoo ta'an adeemsa dubbisa mara keessatti gaaffilee kanneen akka mata dureetti qindeeffameeti

Ergaa Sirbi "Imaanaa Dhalootaa" jedhu maal akka ta'e ibsuu.

ErgaawwanSirbi Imaanaa Dhalootaa jedhu,tarreessuu

Ergaa Sirbi "Imaanaa Dhalootaa" jedhu, faayida inni qabu Ibsuu.

**Dabalee B**

Gaffiilee bifa cheeckistii odeeffannoo qophaa'ee sakkatta'a dokumeentiin , kunis akka armaan gadii dhiyaateera

***Imaanaa Dhaloota***

*Mee yaa yaadadhu gaggaafadhu*
*Gootumman akkam ture*
*Maal dubbaadhu kanan kadhuu*
*Seenaa isaa na maarree(2)*
*Gootota oromoo kan biyyaaf lola ture*
*Wareegame ofii isaa lubbuutti mure*
*Lammii isaa rakkoo fure*
*Goonni lolee yaadannoo kaawwata*
*Akkam godheen Kaayyoo kan kee gataa*
*Sii dagaachuuf seenaan na gaafata*
*Yoo namummaa naanis na ilaallata*
*Mallattoo isaaf jedhee seenaa ol kaawwata*
*Eenyumma isaaf lolee seenaa ol kaawwata*
*Oromummaaf duulee seenaa ol kaawwata*
*Lammiif waadaa galee seenaa ol kaawwata*
*Lubbuu isaa wareege seenaa ol kaawwata*
*Kaayyoo diinaa diigee seenaa ol kaawwata*
*Caaccabee itti dhiigee seenaa ol kaawwata*
*Kan biyyaa isaa eegee Seenaa ol kaawwata*
*Gootaa horroo gubbaa akkaa Abishee Garbaa*
*Kan cooma qaxaraa lole mamandara*
*Akka daakaa horroo kan hin feene roorroo*
*Goota loltuu Dhugaa akka Abdisaa Aagaa*
*Akka Waacoo Dabbii goota dina jibbe*
*Akka Bakare Waaree goota diinaa cire*
*Cirriin maa yaabbatti seenaa ol kaawwata*
*Gowwaa ilma kiyyaa seenaa ol kaawwata*

*Diinni maa jarjarti seenaa ol kaawwata*

*Gootumma abbaan biyyaa seenaa ol kaawwata*

*Haameen citaa gogsa seenaa ol kaawwata*

*Gamaa xaafii tuuluu seenaa ol kaawwata*

*Yaa gootaa siin faarsaa seenaa ol kaawwata*

*Goota biyyaaf duuluu seenaa ol kaawwata*

*Akkaa Taddee Birruu diinaaf karaa hin iluu*

*Akkaa Agaarii Tulluu goota biyyaaf loluu*

*Akkaa Waaqoo Guutuu Kan biyyaa keef duuluu*

*Waaleenjisoo dhiigaa biyyaaf of wareegaa*

*Seenaa guutuu waliin dhalootatu eegaa*

*Goota koo qaamni gootuma*

*Dhugaa seenaa guddaa*

*Lammii Koo dhiigaa hiddaa koo*

*Kan kee hin bareeda*

*Maal jedheen ibsa keessa koo*

*Waa'ee keessan hundaa*

*Seenaa kee barsiisuuf*

*Dhaloota dhaalachisuuf*

*Imaanaa kee cimsuudha*

*Kaayyoo keessan hundaa*

*Goota koo faannii gootumaa*

*Abbaa seenaa guddaa goota koo faannii gootumaa*

*Kan biyyaaf qabsaa'uu goota koo faannii gootumaa*

*Barri bara hima goota koo faannii gootumaa*

*Seenaa kee immoo haa ba'uu goota koo faannii gootumaa*

*Kaayyoo keessan hundaa goota koo faannii gootumaa*

*Dhaloota dhaalachifnaa goota koo faannii gootumaa*

*Waarra ijaa barbadaa goota koo faannii gootumaa*

*Baaran isin yaadanna goota koo faannii gootumaa*

*Dhugaa seenaa guddaa*

*Lammii Koo hidda dhiigaa koo*
*Kan kee hin bareeda*
*Maal jedheen ibsa keessa koo*
*Waa'ee keessan hundaa*
*Seenaa kee barsiisuuf*
*Dhaloota dhaalachisuuf*
*Imaanaa kee cimsuudhan*
*Kaayyoo keessan hundaa.*

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattuun maqaafi mallttoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojiikoo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiinan mirkaneessa**.**

**Maqaa Qorattuu:--------------------------------------------------------------**

Mallattoo-----------------------------------

Guyyaa--------------------------------------

**Maqaa Gorsaa----------------------------------------------------------------**

Mallattoo------------------------------------

Guyyaa---------------------------------------